# “Nyaanni bakka jirutti salaatni hin jiru, akkasumas yeroo namichi fokkataa lamaanin wal deddeebisu keessattis salaata salaatuun hin jiru”

Āa'ishaa irraa akka gabaafametti Rabbiin irraa haa jaalatu akkana jette: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana yoo jedhu dhagahe: “Nyaanni bakka jirutti salaatni hin jiru, akkasumas yeroo namichi fokkataa lamaanin wal deddeebisu keessattis salaata salaatuun hin jiru”.
[Sahih/Authentic.] [Muslim]

Ergamaan Rabbii Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu, bakka nyaata lubbuun nama salaatuu sanaa hawwituu fi qalbiin isaa itti rarraatetti salaatuu dhoorke. Akkasumas yeroo fokkatoo lamaanin waliin dhiphatu keessatti salaatuu irraa dhoorganiiru -fokkatoon lamaanis fincaanii fi sagaraadha-; sababni isaas waan inni rakkina ofirraa ittisutti bobba'uuf jecha.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee